Imaammata Haqaa Koorniyaa
Federeeshinii addunyaa Luteraanii jedhamuun beekama
Irbaata
Waldoota

# Imaammata Haqaa Koorniyaa.

# Federeeshinii Addunyaa Luteraanii Jedhamuun Beekama.

Contents

DURSA 3

GARA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAATTI 5

ADEEMUU: IMALA BARUMSAA 5

1. QAJEELFAMOOTA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAA 6

2. KAROORA IMAAMMATA HAQAA KOORNIYAA 6

HUNDEE MACAAFA QULQULLUU FI HUNDEE SABABOOTAA 7

ITTI GAAFATAMUMMAA 10

GALMA 13

AKEEKA: IMAAMMATI HAQA KOORNIYAA MAALIIF BARBAACHISE? 13

IMAAMMATI HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII 14

ADDUNYAA MAALI? 14

MURTOOWWAN KAAWONSILII 15

SADARKAA ITTI GAAFATAMUMMAA 15

QAJEELFAMOOTA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA 17

KAROORA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA 18

FEDEREESHENIIN LUUTERAANII ADDUNYAA IMALA GARA KEESSATTI HAAMMACHIISUUF DEEMU EESSATTI DHAABBATA? 19

IMALA GARA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA 21

BU'UURA MACAAFA QULQULLUU FI OG-WAAQUMMAA: 24

HAQI KOORNIYAA MAALIIF BARBAACHISE? 24

CAAFFATTOOTA QULQULLAA'OO: LUQQISII FI JIREENYA GIDDUU WALIIN DUBBACHUU JIRU 25

QAJEELUMMAA FI AYYAANA: 27

AKKA NAMAA FOON UFFACHUU WAAQAYYOO: 30

DHOKSAAWWAN QULQULLAA'OO: 31

UTUBOOTA WALDAA KRISTAANAA: 33

QAJEELFAMOOTA KAROORICHA HAALAAN HOJII IRRA OOLCHUUF GARGAARAN 34

**QACCEESSA KOORNIYAA: 35**

**HIRMAACHISUU 36**

**KARAA MURAA HAQA KOORNIYAA 37**

**DANDEETTII GUDDISUU 37**

**ILAALCHA HAQA KOORNIYAATIIN KAROORA DANDEETTII GUDDISUU: 37**

**QINDEEFFAMA DHAABBATAA 38**

**NAGEENYI AKKA JIRAATU GOCHUU FI GAMTAA FAYYISUU 40**

**ITTI GAAFATAMUMMAA WALOO BA'UUF MALA HOJIMAATAA 41**

**HIIKA JECHOOTA HIIKTUU 43**

## DURSA

Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'e waamichi haqaa ayyaanni Waaqayyoo nuun attamitti akka walaba nu baase, Kristosiinis akka ofitti nu butee fi haqaaf, nagaadhaa fi araaraaf akka waliin jiraannu, waliinis hojjennuuf akka nu gargaaru hubannaa laphee hawaasaa keessa jira.

Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa (LWF) hojii Waldaa Kristaanaa fi Hawaasaa keessatti dhiironnii fi dubartoonni walqixaan akka hirmaatan, hojiiwwan hojjetaman hunda keessattis dubartoota hirmaachisuudhaan, gargaaruudhaan ciminaan hojjechaa jira. Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa kun bara 2013 ALAtti gumii Federeeshenii Luuteraanii

***Luba Maartiin Jaang***
***Barreessaa Duree***
***Federeeshenii***
***Luuteraanii Addunyaa***
***© LWF/H. Putsman-Penet***

Addunyaa akka dubartoonni hirmaannaa qabaataniif kan murtaa'e adeemsa gara imaammata haqaa koorniyaaf godhamuuf baay'ee fayyada.

Hojiin hirmaachisuu kun kan Macaafa Qulqulluu waan ta'eef gara eenyummaa keenya, Luuteraniittii guddateera. Kanaafuu hirmaannaa koorniyaa haala keessatti hojii

irra oolchuuf qajeelfamootaa fi maloota qopheessuun hojii gamticha hundaa keessatti dursaa akka ta'uuf karoora baasuun irrattii hojjechaa tureera.

Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa (LWF) miidhaa dubartootaa hambisuu fi dubartoonni ooggantummaa keessatti akka hirmaannaa qabaatan gochaa turuun seenaa galmeesseera. Isa kana irra caalaatti itti fufsiisuuf immoo imaammati haqaa koorniyaa baay'ee barbaachisaa ta'e.

Barreeffama kana keessatti wantoonni caqasaman hundi walitti dhufeenyaa fi caasaa keessatti jijjiirama fiduuf sochii godhamu keessatti hirmaachuuf karra kan saaqaniidha. Kun hundumaaf, jechuunis

geggeessitoonni Waldaa Kristaanaaf, barsiisota mana barumsaa Macaafa Qulqulluuf,

oggantummaa irra kan jiran dubartootaaf, shamarraniif, dhiirotaaf, dargaggootaaf, akkasumas Pirojektoota adda addaa keessatti oggantummaa irra warra jiraniif haqi koorniyaa akka dhimma amantii isaaniitti mirkaneeffachuuf waamicha godhameedha.

Kana waan ta'eef haqi koorniyaa eenyummaa Waldaa Kristaanaa isa sirrii fi Waldaan Kristaanaa uummata keessatti sagalee raajummaa ta'uu ishee agarsiisa.

Imaammati haqa koorniyaa Waldaa Kristaanaatii fi hawaasa keessatti miidhaan dubartootaa yeroo itti fufe keessatti gara keessan dhufe.

Akkasumas dubartoonnii fi dhiironni hariiroo haqa irrattii hundaa'e akka godhan, yeroo itti sagalee Waaqayyoo dhaga'uu itti fufanittidha.

Kun kan maxxanfame Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa (LWF) haara'umsa Waldoota Luuteraanii waggaa 500ffaa yeroo ayyaaneffatetti (bara 2017), haaromsa itti fufuuf waamicha argateeti.

Kana yeroo dubbiftanii fi yeroo qo'attan kadhataan akka ta'u isin gorsaa, kana gochuun keessan caasaa Waldaa Kristaanaa fi karaa jireenya Waldaa Kristaanaa akka banu isinittan hima. Sababiin isaa quunnamtiin koorniyaas haqaan akka haara'uuf waan sirriin akka hojjetamu kan godhu humna Waaqayyoo isa jijjiiruudha.

## GARA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAATTI

## ADEEMUU: IMALA BARUMSAA

“Yaa namoota Israa’el warra akka durbaa, karaa milikkiteeffadhaa, wanta karaa argisiisu dhaabadhaa! Karaa irra baatanis yaadaan qabaa, gara mandaroota keessaniitti deebi’aa!” (Erm. 31:21).

Gamtaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa keessatti ibsi barumsaa haqa koorniyaa waa’ee kanaa attamitti barsiisuu, barachuu, walii walii keenyaa wajjin attamitti walgargaaruudhaan deemuu akka qabnu nutti agarsiisuu keessatti shoorri inni taphatu bal’aadha.

Sagaleen Waaqayyoo akkas jedha, “Seerri Waaqayyoo guutuu dha, lubbuu namatti in deebisa; wanti seerri Waaqayyoo dhugaa ba’u amanamaa dha, inni wallaalota

iyyuu beektota in godha. Ajaji Waaqayyoo qajeelaa dha, garaa namaa in gammachiisa; abboommiin Waaqayyoo qulqulluu dha, ija namaa in ibsa. Waaqayyoon sodaachuun yaada qullaa'aa dha, bara baraan jabaatee in dhaabata; akka namni ittiin geggeeffamuuf wanti Waaqayyo kennu dhugaa dha, guutummaan isaas qajeelaa dha. Inni Waaqayyo kennu kun warqee caalaatti, warqee baqfamee qullaa'e baay'ee caalaattis, ilaalamuun kan ta'uu dha; damma caalaa, nadhii dhaaba dammaa keessaa coccophu caalaas in miyaa'a." (Far. 19:7-10).

Seerri Waaqayyoo dhuguma guutuu dha, lubbuus kan namatti deebisuu dha. Kana waan ta'eefuu garaa namaa gammachiisuuf dhiirotaa fi dubartoonni haqaa fi walitti dhufeenya gidduutti amanamummaan akka uumamu gochuuf gargaara.

**Dokumantichi bakka lamatti qoodama:**

## 1. QAJEELFAMOOTA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAA

Qajeelfamoonni kurnan gamtaan Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa haqa koorniyaa mirkaneessuu keessatti giddu galeessa. Isaanis maalummaa haqa koorniyaa, hawaasichaaf maal jechuu akka ta'e kan ibsan, gamtichi gara haqa koorniyaatti imala godhuuf qajeelfama kan kennaniidha.

## 2. KAROORA IMAAMMATA HAQAA KOORNIYAA

Karoorri Imaammata Haqa Koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa qajeelfamoota haqa koorniyaa Waldaalee Kristaanaa miseensota ta'an haala isaanii keessatti meeshaa ittiin hojiitti hiikaniidha. Adeemsi isaa akka bakka yookaan haala isaaniitti to'ataa qabaata.

Sadarkaa addunyaatti barreessaa dureen Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa hojii irra ooluu Imaammata haaqa Koorniyaa hordofuudhaan gumii Federeeshenichaatiif gabaasa godha. Malleenii fi meeshaaleen guddachaa adeemuu qabu. Sababiin isaa sagantaan hojichaa fi adeemsi isaa Waldoolee Kristaanaa miseensota ta'aniif qabatamuu kan isaan danda'an yoo kana ta'e qofaa waan ta'eef.

Galmi isaa beekumsa hiruu fi wal deeggeruu hojii irra oolchuuf barumsaaf haala mijeessuu ta'a.

## Hundee Macaafa Qulqulluu fi Hundee Sababootaa

"Waaqayyo ojalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa uume; lafti bifa hin qabu, onaas ture; callabboo gad fagoo irra dukkanatu ture, hafuurri Waaqayyoos bishaan irra in sosocho'a ture. …… Waaqayyo waanuma hojjete hundumaa in ilaale; kunoo, innis baay'ee gaarii ture;" (Uma. 1:1-2; 31a).

Seera uumamaa keessatti seenaan uumamaaa keessaa kan nuyi hubannu uumamni hundumtuu Waaqayyoo irratti hirkatanii jiraachuu isaaniiti. Uumama 2 keessaa kan nuyi arginu seenaan uumamaa namni qofti saala faallaadhaan (dhiiraa fi dubartii) ibsame utuu hin ta'in, saalli namaa inni tokko isa kaan irratti; jechuunis dhiirri dubartii irratti olaantummaa akka qabaatus ture. Kun garuu yaada Waaqayyoo isa jalqaba gaafa isaan uumee utuu hin ta'in, sababa cubbuutiif booda irratti kan dabalameedha.

Akkasumas seenaa uumamaa keessaa baay'ee wanti barbaachisaa ta'ee jiru yaadni garaagarummaa uumama keessatti, dhiiraa fi dubartii gidduu qofa akka hin taane ibsa. Uumamni Waaqayyo irratti hirkata.

Garaagarummaan uumama Waaqayyoo kun jaalalaan malee namoota gidduu kan jiru adda addummaa saalaaf walqixxummaa keessa galchuu yookaan keessatti haammachiisuudhaan miti. Saalaan adda adda ta'uu jechuun olaantummaa isa tokkoo fi gadi aantummaa isa kan biraa kan agarsiisu miti. Lamaan isaanii iyyuu jaalalaan adda addummaa isaanii fudhatanii tokkummaan akka jiraataniidha yaadni Waaqayyoo inni jalqabaa.

Wanti biraanii fi inni barbaachisaan immoo walqixxummaa dha (Uma. 1:27). Waaqayyo waan hundumaa walqixxummaatti uume. Waaqayyo namni uumama isa uumame hunda akka inni eeguuf, akka tottolchuufis ajaja itti kenne.

Macaafa Seera Uumamaa keessaa akka dubbifnu naamusi eeguu fi jaallachuu naamusa haqa koorniyaa ibsa.

Ilmaan namaa tokkummaadhaan walii walii isaanii fi uumama hundumaafis mana eegduu akka ta'an waamamaniiru.

"Kana booddee Waaqayyo, "Kottaa! Akka bifa keenyaatti, akka fakkaattii keenyaattis nama in uumnaa! Isaan qurxummii galaanaa irratti, simbiraa fi allaattii qilleensa keessa balali'an irratti, horii qe'ee irratti, bineensa lafa a hundumaa irratti, munyuuqaa lafa irra munyuuqu hundumaa irrattis mootummaa haa qabaatan!" jedhe. Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uume, akka bifa Waaqayyootti isa uume; dhiiraa fi dubartii isaan uume." (Uma.1:26-27).

Macaafni Qulqulluun saalli lamaanuu walqixatti haammatamuuf hundee ta'a. Wangeelota keessaa akkuma dubbifannu gooftaan keenya Yesus Kristos akkamittii fi karaa kamiin akka inni dubatootattii fudhatama isaanitti agarsiise argina. Kunis jaalalaan, isaan simachuudhaan dhiirotaa wajjin akka simataman isaan taasise.

Dhuga baatiin Macaafa Quqlulluu kan inni mirkeeneessu sagaleen Waaqayyoo jireenya irraa hafaa akka namaaf kenne, kunis immoo namoota hundumaaf akka ta'e; dhiirotaafis dubartootaafis akka ta'e mul'isa. Macaafa Qulqulluu keenya irraa akka dubbifannutti Waldaan Kristaanaa cuuphaadhaan hundumtuu walqixa kan ta'an kan keessatti argaman akka ta'eedha.

Phaawulos ergaa gara warra Galaatiyaatti barreesse keessatti, “Warri Kristositti dabalamuudhaaf cuuphamtan Kristosiin akka uffataatti uffattaniittu. Karaa Kristos Yesus isin hundumti keessan tokko; Yihudii yookiis Girikii; garba yookiis birmaduu,dhiira yookiis dubartii gidduu garaagarummaan hin jiru.” jedha (Gal. 3:26-27).

Akkasumas Phaawulos warra Qorontoosiif ergaa barreesse keessatti, “Nuyi Yihudonni, warri Yihudota hin ta’inis, warri garbummaa jala jiran, warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta’uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera.” jedha (1Qor. 12:13)

## ITTI GAAFATAMUMMAA

Onkoloolessa bara 2009 ALA tti Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa dokumantii tokkoo fuudhatee ture. Innis akkas kan jedhu ture, “Isin keessatti akkas hin ta’u, saala irratti kan hundaa’e amantii fi humni, Waldooleen Kristaanaa miseensota ta’an adeemsa hordoffii keessatti dammaqinaan akka irrattii himaataniif jajjabeessuu fi Ijaarsa Imaammata haqa koorniyaa Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa irrattis akka hirmaatan gochuu kan jedhuudha.

Gumiin Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa inni tokkoffaan bara 2010 ALA tti taa’ame murtoowwan lama murteesse:

## 1. KEESSATTI HAAMACHIISUU FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA:

### Koorniyaa Madaallii Eeggate:

Ooggantoonni gumii Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa fi kanneen biroon hunduu, akkasumas koreewwan yeroo (qajoojjii), dhibbantaa 40 dhiirotaa fi dhibbantaa 40 dubartoonni akka keessatti haammataman godhame. Kunis kootaa kenname walqixxummaan hojii irra oolchuuf yaadameetu.

Qajeelfammi kun hojii kamiin keessatti iyyuu akka hojii irra ooluuf Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa ni deggera, hojii irra ooluu isaas ni kabaja.

## MURTOO HAQA KOORNIYAA

Waldooleen Kristaanaa miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta’an imaammata haqa koorniyaa akkaataa quubsaa ta’een akka hojii irra oolchaniif gumii waamna. Kana keessattis hirmaannaa dubartootaa jireenya Waldaa Kristaanaa fi Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa keessatti, akkasumas gamticha keessatti olaanaa akka ta’uudha.

Bulchiinsa keessatti hirmaannaa dubartootaa mirkaneessuuf seeraa fi qajeelfama imaammataa sirrii akka qapheessaniif Waldoolee Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta’aniif waamicha goona. Tajaajila lubummaa fi barumsa og-waaqummaa keessatti dubartoonni hirmaannaa guutuu akka qabaataniif Waldoolee Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta’anii fi Barreessaa duree Waldoolee Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta’aniif waamicha goona.

Sadarkaa hundumaa keessatti hojii irra kan oolu haala isaa kan eeggate karoora imaammata koorniyaa akka qopheessan gaafanna. Gumicha kan waamnuuf qajeelfama

akkasii kana qopheessuu fi fooyyessuufidha.
Walitti bu'iinsa mormuu fi mirgi nama hundumaa beekkamtii akka argatu gochuuf Waldoolee Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'anii fi miseensota isaaf waamicha goona. Gumiin Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa haqa koorniyaa ajandaa isaa keessatti dhaabbataatti akka qabaatu gaafanna. Sababiin isaa dargaggootaa fi shamarran gidduu madaalliin sirriin waan hin jirreef gumiin kun xiyyeeffannoo addaa itti kennuu barbaachisa.

Bagootaa, Kolombiyaatti bara 2012 ALA tti kan wal ga'e Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa Biiroon Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa, wixinee imaammata haqa koorniyaa bara 2013 ALAtti akka dhiheessu gaafate. Kana waan ta'eefuu Imaammanni haqa koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa walga'ii bara 2013 ALAtti Jenevaatti geggeeffameen qophaa'e.

## HIIKA

Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa qajeelfamoota haqa koorniyaa qopheessa, kana gochuudhaanis gamtaa isaatiif hundee haqa koorniyaa kaa'a. Haqi koorniyaa bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti kan uumamanii fi uumama hundumaaf tiksee /eegduu kan ta'an walqixxummaa dhiirotaa fi dubartootaa eega. Haqi koorniyaa kan ibsamu madaallii isaa kan eeggate walqixxummaa dhiirotaa fi dubartootaa keessatti.

## HAQA KOORNIYAA: MUL'ATA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA

Ayyaana Waaqayyootiin walaba ba'uudhaan Kristosiin keessa jiraachuu gamtichaatii fi haqaaf, nageenyaa fi araara buusuuf waliin hojjechuudha.

Gamtichi Kristos keessa jiraachuuf, haqa dhabuu fi miidhaa hambisuuf akka hojjetuuf waamameera. Gamtaa sana keessa jiraachuun ayyaana wangeela Waaqayyootiin imala hafuuraa waliin hirmaachuuf, cuuphaadhaa fi irbaata qulqulluudhaan Waaqayyoo fi warra kaanii wajjin tokko ta'uudha. Kristositti jiraachuun kan inni agarsiisu adda addummaan keenya dhaabbataa yoo ta'e illee, adda addummaan keenya kennaa keenya, inni tokko isa kan biraa kan hin caalle ta'uu isaa agarsiisa. Adda addummaan walqixxee ta'uu dhiisuu miti. Haqi afaan Macaafa Qulqulluu, afaan raajummaa fi afaan og-waaqummaatiin waamama.

Imaammati haqa koorniyaa Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa, qajeelfamootaa fi karoora haqa koorniyaa ilaalchisee, akkasumas karaa hundumaan jajjabeeffamuun dhiirotaa fi dubartootaa hojii irra akka ooluuf itti gaafatamummaa armaan olii ba'uuf dhama'a.

## ULAAGAA

Waa'ee ulaagaa haqaa yommuu dubbannu, gaaffilee angafoota ta'an keessaa inni tokko miidhaa saala irratti hundaa'e mormuuf, namoonni qofaatti achi baafamanii fi gataman kan isaan barbaadan maali?

Armaan gaditti kan tarreeffaman haqa koorniyaa ilaalchisee jijjiirama amalaa fi caasaa safaruuf agarsiiftotadha.

- "**Hin Miidhin**": Beekumsa hawaasaa yookaan amantaatiin alatti jeequmsi, lubbuu balleessuu, dandeettii dhabuun kam illee akka hin jiraanne.
- **Ibsitoota Hiikuu**: Waldoolee Amantootaa keessatti walqixxummaa dhiirotaa fi dubartootaa, hirmaannaa walqixxummaa.
- **Murtoo Kennuu Geggeessummaa irratti**

**hirmaannaa walqixxee,** baay'inaa fi qulqullinaan.

- Qabeenyatti fayyadamuu irratti **walqixxummaan** itti fayyadamuu.
- Sadarkaa isaa kan eeggate mirgoota namoomaa fi waliigalteetti fayyadamuu.

## GALMA

Imaammnni haqa koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa Waldoolee Kristaanaa miseensota ta'anii fi gamtaa isaa, Waldoolee Amantootaa, gurmuuwwanii fi dhaabbattoota keessatti haqi koorniyaa akka jiraatuuf meeshaa gargaaru ta'ee tajaajila.

## AKEEKA: IMAAMMATI HAQA KOORNIYAA MAALIIF BARBAACHISE?

Fedhiin isaa gamtaa isaa keessatti jijjiirama amalaa fiduudhaan miidhaa saala irratti hundaa'e hambisuudha. Namni hundumtuu isa kana hubatee dhiiras ta'e dubartiin kabaja akka qaban beekee mirga isaas eegeefii hariiroo nageenyi isaa eegame keessa waliin akka jiraatuuf kan yaadameedha.

Imaammati haqa koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa hundaa'uun isaa Waldoolee Kristaanaa miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'an akka geggeessutti eegama.

- Imaammatichi haqa koorniyaa argamsiisuuf qajeelfama akka ta'u hubachuu,
- Waldooleen Kristaanaa imaammata haqa koorniyaa kana hojii irra oolchuuf namni hundumtuu irratti hirmaachuudhaan ofii isaa fi duudhaa isaa akka sakatta'u gochuu,
- Jireenya Waldaa Kristaanaa keessatti hirmaannaa walqixxee dhiirotaa fi dubartootaa mirkaneessuu,

- Dhiironnii fi dubartoonni aadaa isaanii keessatti waa'ee ga'ee isaanii akka waliin mari'atan jajjabeessuu, aadaa irra darbees hawaasaa fi Waldaa Kristaanaa keessatti waa'ee itti gaafatamummaa isaan qabaachuun irra jiruu fi ga'ee hojii isaanii irratti waliin mari'achuudhaan dandeettii isaaniitti fayyadamuudhaan fedhii isaaniitiin tajaajila Waldaa Kristaanaa keessatti walqixxummaan akka tajaajilan jajjabeessuu,
- Geggeessitoonni Waldaa Kristaanaa caaffata qulqullaa'oo irratti akka mir'ataniif hiika itti kennan gochuudhaan, Macaafa Qulqulluun waa'ee dhiirotaa fi dubartootaa maal akka jedhu, ga'ee isaaniis akka beekan jajjabeessuu. Geggeessitoonni Waldaa Kristaanaa walqixxummaa saalaa deggeruudhaaf geggeessitoota amantaa fi geggeessitoota biyyaa wajjin hojjechuuf carraa qabaatu.

## IMAAMMATI HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA MAALI?

Imaammanni duudhaalee, haqa koorniyaa hubachuuf mul'ata kallattii agarsiisu kan ibsuudha. Fedhiiwwan jiran milkeessuuf kan gargaaran kallattii hojii kan agarsiisaniidha.

Gamtichi keessa sadarkaa hirmaannaa siyaasaa adda addaatu jira. Akka Waldoolee Kristaanaa miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaatti gamtichi kan caaseffame murtoowwan Kaawonsilii fi Gumiif itti waamama walooti. Danbiin keessoo ifaatti akka caqasutti Waldoolee Kristaanaa miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaattittii adda kan ta'e Federeesheniin

Luuteraanii Addunyaa aboo addaa isaan irratti hin qabaatu.

Kanaaf Imaammanni haqa koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa dhuga baatii tokkummaa Waldoolee Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'an, mirgoota namoomaa fi haqa, akkasumas dhuunfaa dhuunfaa isaaniitti hubachuu isaanii ibsuudhaaf karaa isa tokkodha.

## MURTOOWWAN KAAWONSILII

Bara 2013 ALA tti Kaawunsilichi walga'ii isaatiin kan murteesse:

- Imaammnni haqa koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii
- Addunyaa, qajeelfamootaa fi karoora isaa, malleenii fi hojii irra oolchuu isaa,
- Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa adeemsa hojichaa hordofuudhaanKaawunsiliid haaf gabaasa akka godhutu murtaa'e.

## SADARKAA ITTI GAAFATAMUMMAA

Hundeen Seera Ittiin Bulmaataa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa sadarkaalee armaan gadiitti imaammaticha hojii irra oolchuudhaaf kaa'ameera.

- **Gumii, Kaawonsilii fi Walga'ii Ooggantoota Biiroo**
  - Kallattii waliigalaa argachuuf imaammaticha fayyadama.
  - Qaamoleen Mootummaa imaammaticha hojiitti hiikuuf itti gaafatamummaa qabu.
- **Biiroo Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa, Sagantaa isaa fi Pirijektii isaa, akkasumas sagantaalee sadarkaa Biyyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa**

- Hamma danda'ametti hojjechuu fi hojichas gamaaggamuuf imaammatichatti fayyadamuu qaba.

➢ **Waldoolee Kristaanaa Miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa**

- Sadarkaa Gumii fi Kaawonsiliitti murtoo murtaa'an deggeruudhaan haala kanaan immoo hojiitti hiikamuu isaa mirkaneessuutu barbaachisa. Tokkoon tokkoon miseensonni Federeshenii Luuteraanii Addunyaa of danda'anii ofiin of bulchuun isaanii dhugaatti kan kabajamuudha. Ta'us garuu itti gaafatama waloof jecha carraa waliin hojjechuu isaanii immoo fayyadamuu isaan barbaachisa.

➢ **Naannoo**

- Imaammata haqa koorniyaa Federeshenii Luuteraanii Addunyaatti fayyadamuudhaan haala isaa keessatti akka hojjetuuf carraa mijeesuu qaba. Naannoo naannoo isaatti imaammata fayyadamuudhaan haqa koorniyaa irratti jabaatanii hojjechuutu barbaachisa.

# QAJEELFAMOOTA IMAAMMATA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA

Federesheniin Luuteraanii Addunyaa hojiiwwan inni hojjetu:

1. Haqa koorniyaa akka og-waaqummaatti (Te'oloogiitti) namni hundumtuu kabajaa fi haqa akka qabuu fi walqixxumaa saalaa beeksisa.
2. Kabaja, haqa, hirmaattummaa, itti gaafatamummaa waloo fi iftoomina deggeruudhaan kennaa nama hundumaa kabaja.
3. Federesheniin Luuteraanii Addunyaa murtoowwan gumii fi kaawonsilii, keessumattii walxixxummaa saalaa irratti sadarkaa naannootti hojii irra akka oolu godha.
4. Qacceessi koorniyaa hojiiwwan misoomaa hundumaa keessattii fi mirgoota namoomaa mirkaneessa.
5. Ga'umsa dubartootaa guddisuu irratti deggersa godha.
6. Haqa koorniyaa irratti dhiironni dammaqinaan akka irratti hirmaatan godha.
7. Akka dubartoonni geggeessummaa fi murtoo kennuu keessatti hirmaannaa hin qabaanne wantoota gufuu ta'an adda baasa.
8. Imaammata dhaabbataa warra angafa, shaakaloota, baajata, bulchiinsa humna namaa, bakka bu'iinsa, leenjii fi murtoo kennuu irratti qaamonni hojjetan saala madaallii eeggatee fi dhiironnii fi dubartoonni waliqixaan hirmaannaa gochuu isaanii mirkaneessa.
9. Qacceessi koorniyaa sagantaalee, Pirojektoota, karoora hundumaa keessatti gamaaggamni jiraachuu isaa mirkaneessa.
10. Og-waaqummaa, sirna waaqeffannaa fi jireenya waaqeffannaa ilaalcha haqa koorniyaatiin tajaajila irra oolcha.

## KAROORA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA

Karoorri Federeshenii Luuteraanii Addunyaa adeemsa hubannaa haqa koorniyaa beeksisa. Kun immoo qajeelfamni jiru qabiyyee barumsaa kan qabuu fi karoora sadii: ilaaluu, murteessuu /adda baasuu fi raawwachuu/gochuu dha.

- **Ilaaluu** jechuun tokkoon tokkoon beekumsaa fi haalaa hubachuu fi dubbisuu jechuudha.
- **Murteessuu /Adda baasuu** jechuun waa'ee mirgoota namoomaa adda baasuuf Macaafa Qulqulluu fi og-waaqummaa fayyadamuu jechuudha.
- **Raawwachuu /Gochuu** jechuun dhugaa isaa erga baranii booda akka sanattii hojjechuu fi shaakaluu jechuudha.

# FEDEREESHENIIN LUUTERAANII ADDUNYAA IMALA GARA KEESSATTI HAAMMACHIISUUF DEEMU EESSATTI DHAABBATA?

**Geggeessummaa fi Hirmaannaa Dubartootaa**

Federeshenii Luuteraanii Addunyaa waggoottan kudhanii ol og - waaqummaan (Te'oloogiidhaan) geggeeffamuudhaan keessatti hirmaachisuu; jechuunis dubbartoota itti gaafatamummaa hundumaa keessatti hirmaachisuudhaan hojii isaa itti fufee tureera.

Kunis duraan waa'ee dubartootaaf murtoo murtaa'e ilaaluun ni danda'ama.

- Bara 1952 ALA tti Hanoover, Jarmaniitti gumii lammaffaa Federeshenii Luuteraanii Addunyaa irratti kutaan dubartootaa komiishenii dubartootaa keessatti akka haammatamu godhame. Kunis bara 1975 ALA tti kan hundeeffamu Deskii dubartootaaf koree gorsituu ta'uudhaan akka tajaajiluuf gargaare. Deskiin dubartootaa akka hundeeffamuuf kan murteeffame bara 1970 ALA tti gumii Federeshenii Luuteraanii Addunyaa isa shanaffaa Ivena, Faransaayiitti geggeeffame irratti ture.
- Bara 1984 ALA tti Budaapist, Hangariitti kan geggeeffame gumii Federeshenii Luuteraanii Addunyaa isa torbaffaa irratti hirmaannaan dubartootaa kootaadhaan akka ta'utu murtaa'e.

***Waldooleen Kristaanaa Miseensota Federeshenii Luuteraanii Addunyaa tajaajila lubummaa dubartoota kennana dhibbantaadhaan***




***Waldooleen Kristaanaa Miseensota Federeshenii Luuteraanii Addunyaa: Kan Federeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'an tajaajila lubummaa dubartoota kennana dhibbantaadhaan***




- Gumiiwwan, Kaawonsiloonni, Federeshenii Luuteraanii Addunyaa keessatti ooggantootaa fi qaamoliin murtoo kennan kan isaan murteessan kennaan dubartoota tajaajila lubummaa tajaajilan tajaajila addunyaalessaa keessatti murteessaa ta'uu isaa ti. Dubartoonni tajaajila lubummaa keessatti hirmaachuun gamticha keessatti dubartoota keessatti hirmaachisuu ol kaasuuf baay'ee barbaachisaadha. Dhiironnii fi dubartoonni walqixxummaadhaan murtoo kennuu keessatti hirmaachuun karaa sirrii ittiin keessatti hirmaachisan isa kan biraadha.

- Mala kootaatiin fayyadamuun caasaa isaa keessatti hirmaannaa guutuu

dubartootaa ol akka kaasuuf ga'ee guddaa qaba. Keessumatti Federeshenii Luuteraanii Addunyaa keessatti caasaa dhaabbataa keessattii mala kootaa kanaan, jechuunis hirmaannaa gumiiwwanii fi walga'ii keessatti fayyadamuun dubartoonni guutummaatti hirmaannaa gochuu guddisaa akka adeemu mirkanaa'eera.

- Karaa Federeshenii Luuteraanii Addunyaas gamtaa keessatti dubartoonnii fi shamarran tajaajila daaqunummaa tajaajilaa wanti gaariin akka jiraatu shoora guddaa taphata.

- Federesheniin Luuteraanii Addunyaa jireenya ifaatti mul'atan keessatti sagalee raajummaa Waldaa Kristaanaa isa tokko, hacuuccaa fi miidhaa dubartootaaf, jeequmsaa fi wacaaf waawuu jedhi! kan jedhuudha. Kunis kan agarsiisu Waldaa Kristaanaa keessas bifa murtaa'een hacuuccaa fi miidhaan jiraachuu isaa fi isa kanas attamitti hambisuun akka danda'amu waliin mari'achuun akka barbaachisuudha.

- Dubartoota irra miidhaa ga'u loluuf Waldoolee Kristaanaa fi dhaabbatoonni Waldoolee Kristaanaa wajjin wal qabatan haqni akka jiraatu gochuuf hojii hojjetamu irratti hundaa'a.

## IMALA GARA HAQA KOORNIYAA FEDEREESHENII LUUTERAANII ADDUNYAA

Federesheniin Luuteraanii Addunyaa haqa koorniyaa jiraachisuuf imala isaa itti fufee jira, hojii isaa fiixaan baasuufis karaa qopheessaa adeema. Kunis haqi sadarkaa caasaa dhaabbatootaa hundumaatti raawwii argatu.

- Bara 1997 ALA tti Hong Kongitti kan geggeeffame gumii Federeshenii Luuteraanii Addunyaa isa torbaffaa irratti, walqixxummaan saalaa akka hojii angafaa Federeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'uun isaa ifaa ta'ee beekame.

- Bara 2003 ALA tti Winipeg, Kaanaadaatti kan geggeeffame gumii Federeshenii Luuteraanii Addunyaa isa kurnaffaa irratti, dhimmoota kanaan dura murtaa'an keessa deebi'uudhaan, irra deebi'aniis irratti mari'achuudhaan murtoo dabalataas murteesse. Murtoon sunis Waldaa Kristaanaa fi gamtaa keessatti dubartoonnii fi dargaggoonni hirmaannaa guutuu gochuu kan jedhu ture.

- Tajaajilli daaqunummaa Kristaanaa og-waaqummaa kan hundeeffatee fi Macaafa Qulqulluu irratti kan barreeffame lafa irra bu’ee hojii irra oolee hiriyaa isaa waan inni barbaaduun tajaajiluu irratti dha. Tajaajila daaqunummaa kanaan Waldaan Kristaanaa warra cunqurfamanii fi gargaarsa warra barbaadaniif, kan gatamaniif sagalee, abukaatoo ta’uudhaan ergama ishee baati.

- Kunis ergama isheetti kenname keessaa isa tokko. Jechuunis gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa kan jedhame keessaa yommuu ta'u Waldaan Kristaanaa ofii isheetii bakka jirtuu kaatee gara bakka biraatti deemuudhaan gargaarsa warra barbaadaniif gargaarsa kennuu, warra sagalee hin qabneef sagalee ta'uudhaan, warra hacuucamaniif abukaatoo ta'uudhaan akka falmituuf ergama ishee ba'uu qabdi.

- Ergama daaqunummaa kanaanidha kan Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa mirgoota namoomaa fi walqixxummaa namoota hundumaa irrattii hojjechuudhaan hundumaa biratti akka beekamu gochuuf akka irratti hojjetamu godha. Kanaanis dubartoonnii geggeessummaa keessatti hirmaannaa guutuu akka qabaatan godha.

- Bara 2009 ALA tti waa'een koorniyaa fi aboo kitaabatti maxxanfame. Mata dureen kitaabichaa "It will not be so among you!" Isin gidduutti akkas hin ta'u! kan jedhu ture. Kunis yeroo afuraffaadhaaf koorniyaa irratti kan godhamee fi Kaawonsilii irratti fudhatama kan argate ture.

- Kanaa olittis Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa akka qaama Waldoolee Kristaanaattii imaammata haqa Koorniyaa irratti jabaatee hojjechaa ture. Kanaanis Waldooleen Kristaanaa miseensota ta'an mirga namoomaa irratti hojjechuuf yaada argatan kanaan irrattii hojjetu.

## BU'UURA MACAAFA QULQULLUU FI OG-WAAQUMMAA: Haqi Koorniyaa Maaliif Barbaachise?

Imaammata haqa Koorniyaa wixineessuu fi qopheessuun Federeeshenii Luuteraanii Addunyaatiif isa Waaqayyoo gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa jedhee ergama hunda galeessa kenne hubachuudhaa fi qaama adeemsa hojii irra oolchuu ti.

Ilaalchi Macaafa Qulqulluu walqixxummaa fi haqaa Imaammata kana gara jalqabaa fuula 5 irrattii akka hubannaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaatti barreeffameera.

Namni hundumtuu, dhiiraa fi dubartiin akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti uumaman. Adda adda, garuu immoo walqixxee dha. Dubartoonnis dhiironnis uumama Waaqayyoo uume carraa fi itti gaafatamummaa eeguu fi kunuunsuu qabu.

Ilmaan namaa Waaqayyotti hirkatu, haaluma kanaanis walii walii isaanii tajaajiluu qabu. Meeshaalee koorniyaa fayyadamuudhaan seenaa uumamaa hiikuudhaaf barbaachisoo kan ta'an gaaffiilee akka gaafatan godha. Gaaffileen kunis:

- Isa Waaqayyo dursee ilmaan namaa wajjin hariiroo uumuu barbaade sana dhiironnii fi dubartoonni attamitti fudhatu?
- Dubartoonnii fii dhiironni hojii uumuu isa itti fufu keessatti attamitti hidhata hojii Waaqayyoo ta'u?
- Walqixxummaa uumamaa fi eegumsaa ,kunuunsaa irratti yaadni angafaa Macaafa Qulqulluun qabu waa'ee waliin hojjechuu attamitti hiiku?
- Aadaa keessan keessattii mana eegummaan haqa dhiirotaa fi dubartootaa irrattii dhiibbaan inni qabu maali?

Isaan armaan gadii qabxiilee jalqabaa Warra Luuteraan. Isaanis Waldoolee miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa ta'an haqa koorniyaa irratti yaada isaanii akka waliif hiranii fi yaada murtoo isaanii kan ittiin jabeeffatanii dha.

## CAAFFATTOOTA QULQULLAA'OO: Luqqisii fi Jireenya Gidduu Waliin Dubbachuu Jiru

Macaafa Qulqulluun maaliif barbaachise? Macaafa Qulqulluun ayyaana Waaqayyootiin biyya lafaa keessa warra jiranitti ni dubbata. Luuter Kristaanota yommuu yaadachiisu, wanti baay'ee barbaachisaan Ayyaana isa Waaqayyo Kristos Yesusiin waadaa gale sana dha. Kanaaf aadaa warra Luuteraanii keessatti gaaffiin hiiktuu, "Kristosiin kan baate eenyu?" Jecha biraadhaan ayyaanni Waaqayyoo attamitti mul'ata? Kun wangeela keessatti fakkeenyaan ibsameera. Yesus dubartii goophoo sana yeroo fayyise, isheen fayyina guutummaa argatte (Luq. 13:10-17).

Yaadonni kun gara gaaffilee kan birootti geessu: gaaffileen kunis; "Waadaan sagalee ayyaanaa kun dhiirotaa fi dubartootaaf maal jechuudha? Ayyaanni Waaqayyoo attamitti luqqisii Macaafa Qulqulluu ilaalcha koorniyaatiin hiikuuf nama gargaara?

Ergaawwan Macaafa Qulqulluu adda addaa hiikuu fi gara haala keenyaatti fidnee hojii irra ogummaan ittiin oolchinu 'Hermeneyutiksi" jedhama.

Hiika Macaafa Qulqulluuf warri Luuteraan barbaachisaa ta'ee kan isaanitti mul'ate barsiisa adda addaa qabu. Isaanis Kristaanonni hunduu luboota ta'uu isaanii, qajeelummaan amantiidhaan, ayyaanaan, garaagarummaa Seeraa fi Wangeelaa, fayyinni Kristos qofaan, 'Te'oloogii fannoo' fi Macaafa Qulqulluun ofiin of hiikuu isaa ta'u.



Warra Luuteraan keessatti sirna hiika Macaafa Qulqulluu adda addaa qabu. Isaan keessaas dubbisaa fi hiika haalaa yommuu ta’u, luqqisiidhaa wajjin waliin dubbii gochuuf haalaa fi hawaasicha ka’umsa karaa ittiin gadhaniidha.

Namoonni seenaa Macaafa Qulqulluu wajjin wal qabsiisuudhaan wal’aansoo isaanii isa guyya guyyaa ilaaluuu jalqabu. Luqqisii wajjin waliin morkiin jiru al-haqummaa koorniyaa irratti gaaffii akka kaafnu nu kakaasa. Dhimmi haqa koorniyaa hundee og-waaqummaa qaba. Kunis dhuga baatii Macaafa qulqulluu ti.

Luqqisiin Macaafa Qulqulluu muraasni waa'ee dubartoota tuffatamanii, ammas namoonni hundumatuu ija Waaqayyoo duratti walqixxee akka ta'anii wajjin wal qabsiisuudhaan dubbisuu fi hiikuudhaan haqa koorniyaa irratti hojjechuu barbaachisa.

- Macaafa Qulqulluun waa'ee haqaa maal jedha?
- Kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa isaan kamtu waa'ee haqa koorniyaa deggera?
- Kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa isaan kamtu waa'ee haqa koorniyaa fi walqixxummaa saalaa morma?
- Kutaalee Macaafa Qulqulluu kanneen dubbisuudhaan ayyaanni Waaqayyoo hiika maalii qabaata?

## QAJEELUMMAA FI AYYAANA:

## Walabummaa fi Kabji Ilmaan Namaa Hundumaaf

- Qajeelaa ta'uun miira attamii qaba?
- Akka dhuunfaatti yeroo tokkicha qajeelaa fi cubbamaa ta'uun miira maalii qabaata?
- Nama dhuunfaatii fi Waldaa Kristaanaatiif yeroo tokkicha qajeelaa fi cubbamaa ta'uun firiin inni qabaatu maalfa'i?

Ayyaanaan qajeelaa ta'uun eenyummaan Warra Luuteraan kan ittiin ibsamuu dha.

Qajeelaa ta'uu jechuun waan ittiin hidhamnettii hiikamnee walaba ta'uu jechuudha (Rom. 5). Itti dabalaanis biyya lafaa kana irra hamma jirrutti cubbuuttii walaba taanee jiraachuun waan hin danda'amnee fi humna keenyaan cubbuuttii walaba taanee jiraachuu goonkumaa waan nuuf hin danda'amneef nuyi yeroo tokkicha qajeelaa fi cubbamaadha. Akka ilaalcha warra Luuteraanitti nuyi Waldaa Kristaanaa keessa qajeelummaadhaan jiraanna,

hawaasa keessa immoo yeroo jiraannu cubbamoota taana.

Nama ta'uun keenya uumama keenyaan qofa walqixxee kan taane utuu hin ta'in, cubbuudhaanis walqixxee dha. Ergamaan Phaawulos eergaa isaa keessatti, "Caaffanni qulqullaa'aan, "Namni qajeelaan hin jiru, lakkii, tokko illee hin jiru. Namni tokko iyyuu hin hubatu, namni tokko illees Waaqayyoon hin barbaadu. Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoos isaanitti hir'ateera." jedha (Rom. 3:10-11, 23).

Cubbuun nama dhuunfaadhaan kan hojjetamu qofa yoo fakkaate illee, hawaasaan, dhaabbataanis waan hojjetamuu danda'uuf hundumtuu ofii isaanii sakkatta'uun barbaachisaa dha. Cubbuun warra kaan irratti hamaa gochuudha, ofii keenyaa fi Waaqayyo irratti hamaa gochuus of keessatti qabata.

Seeronni, shaakaloonni, yaadonni, ilaalchonnii fi imaammatoonni isa kan biraa kan miidhan yoo ta'an, uumama Waaqayyoo kan miidhan yoo ta'an cubbuu dha. Kanaaf cubbuun dhuunfaadhaan qofa utuu hin ta'in caasaa fi dhaabbataanis ni hojjetama jechuu dha.

Namni yookaan dhaabbati kam iyyuu gatii isa tokko kan warra kaanii irra caalchisee yoo kaa'e cubbamaa dha; sababiin isaa warra kaan gadi qabuun miidhaa gochuu dha waan ta'eef. Haaluma kanaan dhiironnii dubartoota irratti olaantummaa agarsiisuudhaan isaan irratti dhiibbaa hamaa gochuun cubbuu dha.

Karaa amantii ayyaanaan qajeelaa ta'uun haala biyya lafaa kana keessa ittiin jiraatan ni jijjiira. Kana waan ta'eef Waldaan Kristaanaa biyya lafaa kana keessa hojimaanni al-haqummaa akka jiru ni hubatti. Seenaa hojjetoota maasii Wayinii keessatti (Mat. 20:1-16) ayyaanni Waaqayyoo hojjetoota hundumaaf walqixxeetti kenname; sababiin isaa kabaji isaanii haara'eera.

Kanaafuu namni hundumtuu walqixaan dhiiga Yesusiin bitamee qajeelaa ta’eera.

- Hojjetoonni kun sababa walqixxummaan keessumsiifamaniif jireenya isaanii keessatti jijjiirama attamiitu ta’a jettanii yaaddu?

- Hundumtuu ayyaana Waaqayyootiin waan qajeelota ta’aniif hawaasicha keessatti jijjiirama attamiitu ta’a?



## AKKA NAMAA FOON UFFACHUU WAAQAYYOO:

### Fakkeenyummaa fi Haqa

- Waaqayyo karaa Kristos Yesus fakkeenya ta'uu fi haqa gidduu wantoota walitti hidhan maalfaa argitu?
- Fakkeenyummaa namaa fi haqa gidduu wantoota walitti hidhan maalfaa argitu?

Waaqayyoo foon isaa uffachuudhaan jireenya namaa guutuu guutummaatti hirmaate. Waaqayyo karaa Kristos Yesus namaa wajjin wal quunnama. Yesus Kristosis Waaqayyo eenyuun akka ta'e namatti agarsiisa. Waaqayyo inni inni namatti agarsiisuu immoo Waaqayyo isa saba isaa gabrummaa fi hammeenya biyya lafaa isa kufee fi yaada isaa irraa birmaduu baasuu barbaadudha.

Warra cunqurfamanii fi hiyyeessota kan gargaaru, namni hundumtuu akka ijoollee Waaqayyootti birmadummaan akka jiraatu waamicha godha. "Waaqayyo yommus aadnaa isaanii dhaga'ee, kakuu Abrahaamii fi Yisihaaqiif, Yaaqobiifis kakate in yaadate; Yommus Waaqayyo, "Gad qabamuu saba koo warra Gibxi jiranii argeera; isa isaan warra humnaan isaan hojjechiisan jalaaa ba'uudhaaf iyyanis dhaga'eera; dhiphina isaaniis ani beeka;" (Bau. 2:24; 3:7).

Yesus Kristos duuka bootota isaa gara maatii Waaqayyoo ta'uutti waame. Maatii Waaqayyoo ta'uun hidda dhalootaan utuu hin ta'in, hafuuraa fi fedha isaatiif abboomamuudhaanidha.

Gooftaan keenya Yesus Kristos waa'ee kanaa yeroo dubbatu, "Jaalala Waaqayyoo kan godhu eenyu iyyuu obboleessa koo ti, obboleettii koo ti, haadha kootis" jedhe (Mar. 3:35).

Waaqayyo foon namaa uffatee akkuma namaa ta'uudhaan foon isaatiin kan inni keessa darbu

hunda; cubbuu irraa kan hafe, ni hirmaate. Kunis kan ta'e karaa Kristos Yesus dhugoome. "Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate." (Yoh. 1:14)

Qaamni Kristos humna hafuura qulqulluutiin Waldaa Kristaanaa ti. Har'as Waldaan Kristaanaa isheen dhugaan qaama Kristos. "Bu'aa dhagnaa kana keessaa inni tokko yoo dhiphate, hundinuu isaa wajjin in dhiphatu; inni tokko yoo ulfaate, hundinuu isaa wajjin in gammadu. Ammas hundumti keessan dhagna Kristos, adduma addaanis bu'aa dhagna isaatii ti." (1Qor. 12:26-27).

Biyya lafaa kana keessa qaamaan kan jirtu Waldaan Kristaanaa haqa biyya lafaa kanatti ifaatti akka agarsiiftuuf hafuurrii qulqulluun ni gargaara.

- Foon namaa uffachuu Waaqayyoo fi dhiirotaa fi dubartoota gidduuttii haqi barbaachisu attamitti wal qabata?

## DHOKSAAWWAN QULQULLAA'OO: Tajaajila Saalota Lamaanuu of Keessatti Haammate Tajaajiluu

- Waaqayyo karaa dhoksaawwan qulqullaa'oo kan inni waadaa gale birmadummaan maali?
- Irbaata Qulqulluu yeroo himaattan qaama Kristos keessatti adda addummaa maalii hubattu?

Cuuphaadhaan tokkoon tokkoon namaa qaama Kristos ta'a (1Qor. 12). Tokkoon tokkoon namaa barbaachisaadha, hundumtuu kennaa hafuuraa qabu.

Yesus warra cunqurfamanii wajjin, warra tuffatamanii wajjin taa'ee buddeena cabsatee nyaate. Kristositti garaagarummaan hin jiru, hundumtuu tokko. "Amantiidhaan isin hundumti keessan karaa Kristos Yesus ilmaan Waaqayyoo ti. Warri Kristositti dabalamuudhaaf cuuphamtan Kristosiin akka uffataattii uffattaniittu." (Gal. 3:26-27) "Nuyi Yihudonni, warri Yihudota hin ta'inis, warri garbummaa jala jirtan, warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera." (1Qor. 12:13).

Phaawulos ammas warra Galaatiyaa yeroo yaadachiisu,

“Birmadummaattii akka jiraannuuf Kristos birmaduu nu baase; kanaaf itti jabaadhaa dhaabadhaa! Deebitaniis waanjoo garbummaa jalatti hin qabaminaa!” jedha (Gal. 5:1)

Amantoonni hundumtuu luboota jechuun warra birmaduu ba’an qofa utuu hin ta’in, warra birmaduu hin ba’in akka isaan birmaduu baasanii fi gara mootummaa Waaqayyootti akka isaan galan akka godhaniif hafuura qulqulluudhaan warra waamaman jechuudha.

- Cuuphaanii fi Irbaanni Gooftaa attamitti jireenya haaraa akka jiraatan godhu?
- Haala kee keessatti waliif hiruudhaan kan hojjetamu geggeessummaa attamiiti?

## UTUBOOTA WALDAA KRISTAANAA: Geggeessummaa Hirmaachisuu Fi Tokkummaa Duuka Buutummaa

- Cuuphaan duuka buutummaa fi geggeessummaa irratti dhiibbaa kan inni godhu karaa kamiin jettanii yaaddu?
- Akka Waldaa Kristaanaatti waa'ee geggeessummaa dubartootaa kan morman luqqisiiwwaniif attamitti deebii kennina?

Cuuphaadhaan dhiironnis dubartoonnis haareffamanii Waaqayyoo wajjin araaramaniiru. Waaqayyo lamaan isaanii iyyuu guutuu guutummaatti simateera. Saalonni lamaanuu cubbuudhaanis qajeelumm aadhaanis tokkummaa qabu.

Namoonni seenaa uumama ishee kaasanii dubartiin dhiira gargaaruufi kan uumamte jechuudhaan olaantummaa dhiiraa dubbatu. Kutaa sana yoo dubbifne akkas jedha, "Ergasii Waaqayyo gooftaan, "Namichi kophaa isaa ta'uun gaarii miti; kan akka isaatii kan isa gargaartu, ani isaaf nan tolcha" jedhe (Uma. 2:18).

Kutaa kana keessatti gargaartuu kan jedhu dubbifanna. Jechuma kana fakkaatu kutaa Macaafa Qulqulluu kan biraa keessaas ni dubbifanna.; "Iji koo gara gaarotaattii ol in ilaala, gargaarsi koo eessaa dhufa? Gargaarsi koo Waaqayyo biraa in dhufa; inni immoo isa bantiiwwan waaqaa, lafas uumee dha." jedha (Far. 121:1-2). Seera uumamaa keessatti dubartiidhaaf gargaartuu dhiiraa akka taatuuf kan barreeffamee fi kutaa kana keessatti jichi arginu tokkuma. Akka kutaa kanaatti gargaartuu kan jedhu olaantummaa isa tokkoo utuu hin ta'in, wal gargaaruu agarsiisa.

Inni biraan qajeelfama akka dubartoonni callisan dubbatameedha. "Dubartoonni walga'ii Waldoota Kristaanaa keessatti hin dubbatin, dubbachuun isaaniif hin ta'u; akkuma seerrii jedhutti haa abboomaman." jedha (1Qor. 14:34). Kun isa bakka biraatti dhowwamettii adda ba'ee dubbifamuu hin qabu. Iddoo biraatti, "Namni hiiku yoo jiraachuu dhaabaate garuu, inni afaan hin beekamneen dubbatu sun, ofitti, Waaqayyottis haa dubbatu malee, waldaa

keessatti hin dubbatin.” jedha (1Qor. 14:28). Akkasumas, “Warra achi taa’an keessaa tokkoof mul’anni yoo kennameef garuu, inni duraan dubbachaa ture haa dhaabu!” jedha ( 1Qor. 14:30).

Qajeelfamni akka dubartoonni callisaniif kenname waaqeffannaa warra Qorontoos keessatti jeequmsa uumameef jecha malee qajeelfama bara baraa akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Sababiin isaa Phaawulosumti ofii isaatii yeroo barreessu, “Dubartiin Waldaa keessatti yommuu Waaqayyoon kadhattu yookiis yommuu waan Waaqayyo itti mul’ise himtu, yoo haguuggachuu dhaabaatte garuu, mataa ishee in salphifti” jedha (1Qor. 11:5).

Dubartoonni tajaajiltoota ta’an kakuu moofaa keessas kakuu haaraa keessas turaniiru.

- Maariyaam raajittii (Bau. 15:20), ishee Musee fi Aaronii wajjin tajaajilaa turte.
- Diibooraa, oggantuu siyaasaa fi amantaa kan turte (Abo. 4:4).
- Haannaa, raajittii fi ishee Yesus masihii ta’uu isaa dubbatte (Luq. 2:36-38).
- Du’aa Yesusiif dhuga baatota warra jalqabaa kan turan; Maariyaam ishee Maqdalaa, Yo’aanaa, Susaanaa (Luq. 8:2-3; Mar. 15:41).
- Dubartoota tajaajilaan Phaawulosiin deggeraa fi gargaaraa turan; Phirisqiilaa (Rom. 16:3), Yuniyaas (Rom. 16:7).

## QAJEELFAMOOTA KAROORICHA HAALAAN HOJII IRRA OOLCHUUF GARGAARAN

### To’annaa fi Itti Gaafatama:

Biiroon Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa akka dhaabbataatti isa hundaa’e hordofuuf itti gaafatamummaa qaba. Adeemsi hojichaa Barreessaa dureedhaan Kaawonsiliif kennama.

Imaammati haqa Koorniyaa Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa kun bakka hawaasi Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa jiru hundumaatti akka qajeelfamaatti tajaajila. Hirmaannaa dubartootaa geggeessummaa keessaatti fi kabaja namoota hundumaa fi mirga namoomaa hundi qajeelfama kanaan hordoffiin godhama.

## QACCEESSA KOORNIYAA:

- Dhiiraa fi dubartii gidduu garaagarummaa jiru dhugaa isaa hubachuu,
- Qormaanni garaagarummaa gara al-haqummaa hawaasaatti, diinagdee, siyaasaa fi amantaatti geessa,
- Saala irratti kan hundaa'e qoodama hojii fi eenyummaa dhiiraa fi dubartii adda baasanuuf meeshaa gargaaruu dha.

Galmi qacceessa koorniyaa irraa eegamu wal caalmaa jiru jijjiiree gara wal qixxummaatti,

dhiirota /dargaggootaa fi dubartoota /shamarran gara hariiroo sirriitti fiduu dha. Kanaaf wanti gochuun ta'u:

1. Odeeffannoo korniyaa kan dhuunfaas kan dhaabbataas walittii qabuudhaan qacceessuu,
2. Qacceessicha irratti hundaa'uudhaan Pirojektootaa fi sagantootaaf bu'uura kaa'uu,
3. Qacceessa koorniyaatti fayyadamuudhaan saala irratti kan hundaa'e fayyadama qabeenyaa, taayitaa waliin hirmaachuu fi murtoo kennuu keessattii rakkoo jiru hubachuudha.

## HIRMAACHISUU

Cunqursaan saala irratti hundaa'e ariitiidhaan furmaata argachuutu barbaachisa. Walitti dhufeenya haaraa uumuu fi duraan kan tures cimsuun jijjiirama fiduuf furmaata angafaa ti.

Sadarkaa hojiidhaan mul'atu irratti hirmaachisuun sagantootaa fi pirojektoota, akkasumas Waldoota miseensota Federeeshenii Luuteraanii Addunyaan mirkanaa'a. Kunis kan hojii irra oolu:

1. Dhiironnii fi dubartoonni waliin taa'anii, waliinis adda ba'anii tokko tokkoonis waa'ee eenyummaa isaanii fi shaakala isaanii dhugaa isaa akka baran, ibsi yommuu kennamuufis gadi fageenyaan akka dhaggeeffatan, yaada akka itti kennan, yommuu waliin dubbatan immoo akka waliigalaniif bakkaa fi haala mijeessuu.
2. Dhiironnii fi dubartoonni akka waliin hojjetaniif hojii qopheessuufii fi hojicha beeksisuu; fakkeenyaaf, mala walitti bu'iinsa ittiin hiikan,
3. Fedhiin dhiirotaa /dargaggootaa fi dubartootaa /shamarranii sagantootaa fi Pirojektootaan sirriitti bira

ga'amuu isaa, akkasumas dhiironnii fi dubartoonni, lamaan isaanii iyyuu hojii isaanii keessattii ija qabeessa ta'anii argamuu isaanii mirkaneessuu dha.

## KARAA MURAA HAQA KOORNIYAA

Karaa muraa ta'uun haqa koorniyaa ibsuun filannoo siyaasaa fi tarsiismoo isa jalqabaa ti. Adeemsi, caasaan, karoorri, sagantaa fi Pirojektiin kam iyyuu haqa koorniyaa ti itti waamamni isaa.

Isaan armaan gadii gamtaa keessattii sadarkaa karaa muraa haqa koorniyaa keessaa isaan muraasa:

1. Haqa koorniyaa akka meeshaatti fayyadamuudhaan sagantootaa fi Pirojektoota karoorsuu fi seerota, qajeelfamoota, dokumentoota, imaammata humna namaa, imaammata afaanii karoorsuu,
2. Dhimmoota saala ilaallatan irratti bu'aa fi miidhaa dubartootaa safaruu,
3. Dhaabbata keessatti namoota adeemsa isaa hordofuuf xiyyeeffannoon itti kennamu qopheessuu,
4. Ibsa og-waaqummaa /Te'oloogii/ haqa koorniyaa beeksisuu ta'a.

## DANDEETTII GUDDISUU

Dhiironnii fi dubartoonni geggeessummaa fi murtoo kennuu keessatti hirmaachuuf mirga walqixxee qabaachuun isaanii ifaa dha. Dubartoonnii fi dhiironni akka gatii qaban beekuun kan agarsiisu Waldaan Kristaanaa dhiironnii fi dubartoonni dirqamaa fi itti gaafatamummaa akka waliin qooddatan gochuuf akka hojjettuu dha. Kana gochuudhaan Waldaan Kristaanaa fakkeenya taati.

## ILAALCHA HAQA KOORNIYAATIIN KAROORA DANDEETTII GUDDISUU:

1. Waa'een miidhaa dubartootaa hundumaa biratti akka beekamu gochuu,
2. Walqixxummaa saalaa irratti xiyyeeffachuudhaan walqixxummaan dhiirotaa

fi dubartootaa akka beekamu gochuu,

3. Gurmuu qo'annaa Macaafa Qulqulluu deggeruu, keessumatti waa'ee koorniyaa Macaafa Qulqulluu keessaa irratti mari'achuu jiru jajjabeessuu,
4. Haqa koorniyaa Seminaariitti, mana barumsaa Macaafa Qulqulluutti barsiisuuf kariikulamii barnootaa keessa akka galu gochuu,
5. Waldaa Kristaanaatii fi hawaasa keessatti haqi koorniyaa akka jiraatuuf barsiisota, tiksoota, falmitoota mirga namoomaa, warra fedhiin tajaajilanii fi hojjetoota Waldaa Kristaanaa dhaabbataa fi dhaabbataa akkaataa hin taaneen leenjii kennuufii.
6. Barumsaa fi qo'annaa og-waaqummaa keessatti dubartoonnii hirmaannaa guutuudhaan akka irratti hirmaatan jajjabeessuu fi haala mijeessuufii,
7. Miidiyaa Quunnamtii Hawaasaa fayyadamuudhaan namoonni waa'ee koorniyaaf hubannaa akka qabaatan gochuu,
8. Geggeessitoota shamarranii qabaachuuf ijaarsa dandeettii gochuu,
9. Istaafii keessatti barumsi walittii fufiinsaa akka jiraatuuf mala qopheessuu,
10. Sadarkaa hundumatti caasaa dhaabbataa keessatti dhiironnii fi dubartoonni walqixummaadhaan hirmaachuu isaanii mirkaneessuu ta'a.

## QINDEEFFAMA DHAABBATAA

Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa adda addummaa fi tokkummaa hojii isaa keessatti qabaata. Kana jechuun karoora baasuudhaa fi hojii irra oolchuuf gurmuu adda addaatti dhiirotaa fi dubartoota keessatti waloo fi tokkummaan akka jiraatu godha. Waldaa Kristaanaa keessas hirmaannaan dhiirotaa fi dubartootaa, keessumaa geggeessummaa keessatti walqixxummaan akka hirmaatan godha.

Waldaa Kristaanaa keessa adda addummaanis tokkumaanis akka jiru hubachuun barbaachisaadha. Tokkummaan qaama Kristos ta'uu keessatti. Waldaa Kristaanaa keessa kan jiran dhiironnis ta'e dubartoonni qaama Kristos. Kanaaf akka qaama Kristositti hundumtuu tokko. Walqixxummaadhaanis tajaajila isaa keessatti, geggeessummaa fi hojii kamiin keessatti iyyuu dhiironnis dubartoonnis hirmaachuu qabu.

Kun kan sirriitti keessatti hin raawwanne Waldaa Kristaanaaf haara'umsi akka barbaachisu ifaadha. Waldaa Kristaanaa keessatti hirmaanna dubartootaa og-waaqummaa keessaa kan mirkaneessu tajaajila lubummaa keessatti hirmaachuu dubartootaati.

Dubartoonni tajaajila lubummaa keessatti hirmaachuun kan fayyadu haqa koorniyaa Waldaa Kristaanaa keessatti hojii irra oolchuuf ta'uu isaati. Kana hojii irra oolchuuf immoo:

1. Hawaasaa fi miseensota Waldaa Kristaanaa gidduu jijjiiramni amalaa akka jiraatuuf maree jajjabeessuu,
2. Saalonni lamaanuu walqixxeetti akka hirmaatan kan hojjetame bara 2012 ALA tti Biiroo Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa keessaa kan argame sadarkaa isaa kan eeggate kaffaltii mindaaf waraqaa ragaa haaressuu,
3. Koorniyaa maddaallii eeggate irratti gumii 11ffa irratti murtoo murtaa'e hundeeffachuudhaan hojjetoonni Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa walga'ii, koree fi hojii kamiin keessatti iyyuu saalonni lamaanuu walqixxummaadhaan akka hirmaatan isa murtaa'e hojii irra oolchuu,
4. Hojjetoonni Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa dhorkaa tokko malee rakkina naamusaa jiru bakkeetti baasuudhaan akka morman gochuu,
5. Odiitii koorniyaa dhaabbatootaa fi addooyyota isaaniif hojii irra oolchuu,

6. Dhaabbaticha keessatti kan kaa'ame baajetaa fi sagantaan qophaa'e koorniyaa kan of keessatti haammate ta'uu isaa mirkaneessuu,
7. Dhaabbata keessatti waa'ee koorniyaa ittii dhiheenyaan gurmuun hordofu akka jiraatuuf hojicha itti gaafatamummaadhaan kan raawwatu dhaabbaticha keessaa gurmuu hundeessuu,
8. Geggeessummaa fi murtoo kennuu keessatti saalonni lamaan walqixxumma adhaan hirmaachuu isaanii mirkaneessuudha.

## NAGEENYI AKKA JIRAATU GOCHUU FI GAMTAA FAYYISUU

Saala irratti hundaa'uudhaan tokkoon tokkoon miidhaa bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti isa uumame miidha, walii wajjin tokkummaadhaan jiraachuutti kan waamaman amantoota jeeqa. Kanaaf callisuun cabuu qaba. Ga'een raajummaa Waldaa Kristaanaa gamtaa fayyisuu fi nageenya jiraachisuuf adeemsa jiru qopheessuun barbaachisaa dha.
Kanaanis warra miidhaman fayyisuun ni danda'ama.
Tajaajila hunda galeessa tajaajiluun barbaachisaa dha.
Ergamaa fi tajaajilla hunda galeessa jechuun immoo jeequmsa saalaa wajjin wal qabate hambisuuf dammaqinaan hojjechuu jechuu dha. Kana jechuun immoo dhiironni tajaajila kana keessatti hirmaachuudhaan miidhaa sana hambisuuf maree godhu jechuu dha.
Yoodhuma illee kan barame, shaakala bal'inaan geggeeffamuuf aadaa ta'e, saala irratti kan hundaa'e cunqursaa fi jeequmsi yakka, cubbuudhas.
Saala irratti kan hundaa'e jeequmsi faallaa wangeelaati.
Akka dhimma qaama amantiitti miidhaa fi cunqursaa saala irratti hundaa'e hambisuuf karoorri jiru:

1. Haqa koorniyaa hojii irra oolchuuf seera haaraa fi imaammata haaraa qopheessuu,

2. Cunqursaa fi jeequmsaaf akka hin saaxilamne gochuuf dhiirotaa fi dubartootaaf bakka mijataa akka qabaataniif sochiiwwan godhaman keessa galee, hirmaachuu,

3. Haqa koorniyaa beeksisuuf dhaabbatoota, mootummaa fi miti mootummaa, Mootummoota wal ta'anii gidduutti walitti dhufeenyaa fi geggeessummaa beeksisuu fi walitti dhufeenya isaan gidduutti uumuu,

4. Karoora hojii Federeeshenii Luuteraanii Addunyaa keessatti akka haammatamaniif

sochiiwwan yaadni itti kenname karoora Waldoota Kristaanaa wajjin walfudhachiisuu, Waldaan Kristaanaa miidhaa

dubartoota irra ga'uun mormuu qabdi. Kunis tajaajila daaqunummaa deggeruudhaan, lallaba Macaafa Qulqulluu irratti hundaa' eebabal'isuud haan, Waldaa Kristaanaa mijattuu fi nageenyi ishee kan eegame gochuu, dhimma kana irratti kan hojjetan mootummaa fi miti mootummaa wajjin waliigaluud haanhojjech uudhaan ta'a.

# ITTI GAAFATAMUMMAA WALOO BA'UUF MALA HOJIMAATAA

Itti waamamni waloo fi quunnamtiif banaa ta'uun waliin deemu. Miidhaa saala irratti hundaa'e sirriitti adda baasanii kan hubatan sagantoonnii fi dhaabbattoonni turaniiru. Isaan kunis itti gaafatamummaa waloo isaanii ba'uuf hojjechaa kan turanii dha. Federeesheniin Luuteraanii Addunyaa isa tokko yommuu ta'u qajeelfamoota og-waaqummaa /te' oloogii/ hordofuudhaanis gochaawwan miidhaa saalaatiin morma.

Itti gaafatamummaan waloo kan inni irratti hundaa'e birmadummaadhaan isa Kristaanonni hiriyoota isaanii tajaajilanii dha. Seera mirga namoomaa irratti akka kaa'amee jirutti namni hundumtuu kabajaa fi birmadummaa qaba.

Tajaajila gooftaa keenyaa Yesus Kristos duukaa bu'uudhaan Waldaann Kristaanaa hiyyeessota, warra cunqurfaman, warra tuffataman jaallachuudhaan afaan akka isaaniif taatuuf ergamni kennameeraaf. Isa kana hojii irra oolchuu fi deggeruuf seera Mirga Namoomaa Addunyaalessaa hordofuun barbaachisaa ta'a. Waldaann Kristaanaas ergama ishee ba'uuf namni hundumtuu kabajamaa akka ta'e hawaasa keessatti hundumaa biratti akka beekamu gochuun irraa eegama.

Biyyoota namoonni jeequmsa keessa jiraatan keessatti Waldaan Kristaanaa seera mirga namoomaa addunyaalessaa deggeruun kana irratti cimtee hojjechuu qabdi. Keessumaa miidhaa saala irrtti hundaa'e cimsitee mormuu fi kanaanis namoota miidhamaniif abokaatoo taatee falmuufiitu irraa eegama. Isa kana hojii irra oolchuuf isaan armaan gadii kana raawwachuun barbaachisaadha:

1. Waa'ee seera mirga namoomaa addunyaalessaa namoonni akka beekan gochuu, kunis kan qophaa'ee fi kan murtaa'e bara 1325 ALA tti Jenevaatti ture.
2. Misooma keessatti mirga irratti haala hundaa'een wanti hundumtuu akka raawwatamu gochuu,
3. Qajeelfama mirga namoomaa fi seera adaba hanqina naamusaa baasuu; kunis abootti akka malee fayyadamuu, miidhaa saalaa (dirqisiisanii gudeeduu),
4. Koorniyaa ilaalchisee leenjii kennuu,
5. "Hin miidhin!" kan jedhu fayyadamuuf sagantaa qopheessuu,
6. Dhaabbataa fi Pirojektoota keessatti itti fayyadama qabeenyaa irratti carraa walqixxummaadhaan fayyadamuu uumuu ta'a.

## HIIKA JECHOOTA HIIKTUU

**Saalli** hawaasa keessatti kan argamu adda addummaa maqaa yookaan carraa, kunis dhiira ta'uu fi dubartii ta'uu, akkasumas quunnamtii dhiiraa fi dubartii agarsiisa. Saalli haala tokko keessatti dhiira yookaan dubartii irraa duudhaalee eegaman murteessa.

Hawaasa baay'ee keessatti bakka itti gaafatamummaa fi sochiiwwan kamiin keessatti iyyuu, jechuunis itti fayyadama qabeenyaa fi murtoo kennuu irratti dhiirotaa fi dubartoota gidduu adda addummaa fi wal caalmaatu mul'ata.

**Qacceessi koorniyaa** haala kamiin keessatti iyyuu meeshaa ittiin wal madaaluu dhiisuu dhiirootaa fi dubartootaa hubatanii dha. Itti dabalees haala tokko keessa ta'anii dhiironnis dubartoonnis haala adda addaatti miidhamuun isaanii baay'ee kan nama dhibuu dha.

**Koorniyaan Madaallii eeggate** bakka bu'insaa fi hirmaannaa dhiirotaa fi dubartootaa keessatti walqexxummaa jiru agarsiisa.

**Walqixxummaa saalaa** jechuun walqixxummaa itti gaafatamummaa fi mirgaa dhiirotaa fi dubartoota, dargaggootaa fi shamarranii ti.

Walqixxummaa jechuun dhiironnii fi dubartoonni tokko jechuu miti, garuu mirgaa fi itti gaafatamummaan isaanii dhiira yookaan dubartii ta'anii dhalachuu isaanii irratti hin hirkatu.

**Sirrummaa Saalaa** jechuun walqixxummaan saalaa kan itti mirkanaa'e jechuu dha. Kunis dubartoota, shamarran, dhiirotaa fi dargaggoota akka akka fedha isaaniitti sirriitti keessumsiisuu ilaallata.

**Maalummaan Saalaa** namni tokko dhiiras ta'e dubartii, warra kaan irraa adda ba'ee kan inni beekamu, eenyummaan isaa kan ittiin beekamu jechuu dha. Kun dhiirri eenyuun akka ta'ee fi dubartiin eenyuun akka isheen taate ibsa.

**Haqi koorniyaa** akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti kan uumamanii fi eegdota uumama Waaqayyoo warra ta'an kabaja dhiirotaa fi dubartootaa eeguu fi jajjabeessuu agarsiisa. Haqii koorniyaa kan ibsamu walqixxummaa dhiirotaa fi dubartootaatiini dha.

**Miira Qabeessummaan Koorniyaa** fedha addaa dhiirotaa fi dubartootaa, ga'ee fi itti gaafatamummaa isaanii beekuu dha.

**Saalli** adda addummaa uumamaa dhiirotaa fi dubartootaa agarsiisa.

**Dubartoota leenjisuun** dubartoota beekumsa hidhachiisuu, dubartoonni saala faallaa isaanii ta'ee wajjin walitti dhufeenya attamitti akka qabaachuun isaan irra jiru, dubartoonni dandeettii bulchuu qabaachuu isaanii adeemsa jijjiiramaa ittiin hubatanii dha. Dubartoonni tokkummaadhaa fi dhuunfaa dhuunfaa isaaniitti mirga isaanii beekuun ammas baay'ee barbaachisaa dha.

Federeeshinii
addunyaa
Luteraanii
jedhamuun
beekama
Irbaata
Waldoota